ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اوروموا

Guyyaa: Adooleessa 20, 2006

Lakk: 09/ABO/06

Waamicha Qabsoo Hawaasa Oromoo Maraaf

Roorroon saba oromoo irraa yeroo ammaa gahaa jiru daangaa kan hin qabne tahuu fi kan karaa hedduu itti akeekame tahuu hubachuun nama hin dhibu. Injifannoolee qabsoon bilisummaa Oromoo hamma ammaatti galmeesse fi guddinna sabni Oromoo karaa addaddaa agarsiise boodatti deebisuuff diinotin qabsoo bilisummaa Oromoo (QBO) dhagaan isaan hin garagalchine hin jiru.

Boobbaa kanatti kan jiran, farreen haqa saba oromoo keessaa: (1) mootummaa faashittii Itoophiyaa amma aangoo irra jiru (Wayyaanee); (2) dhaabban nafxanyootaa kanneen Oromoo akka sabaattillee hin fudhannee kan akka Qinjjit (CUD) fi; (3) kittilayyoota isaanii fi ayyaan laallattoota dhalootaaan Oromoo tahan. Isaan kun hundi, injifannoolee qabsichi galmeesse fi jabina mooraan QBO argisiisaa jiruu irraa rifatanii tooftaa addaddaan akka as bahan godhee jira.

Guddinnii fi mirgooleen QBO galmeessee, farreen Oromoo akka rifatanii qabsicha dhabamsiisuuf carraaqqii isa dhumaa godhan isaan dirqe maal faa dha? Toofttaan isaan amma baafatanii itti jiran hoo, kan akkamii faa? gaaffiilee jedhaniif deebii isaanii, hawaasin keenya biyya keessa fi ala jiru, akka gaariitti hubatee, dammaqinsaan akka shira kana of irraa eegu hubachiisuun barbaachisaa waan ta'eef, ABOn waamicha qabsoo kana baasuuf dirqame.

Sabni keenya haala ammaan dura argamee hin bekneen firoota fi diinota qabsoo bilisummaa isaa adda baafatee akka gaariitti beekee jira. Qabsoo bilisummaa isaa finiinsee bakkaan gahuuf, wal bubuusuu osoo hin taane, karaa hundaan sirnaan ijaaramee, gamtaan socho'uun akka isa feesisu yoomillee caalaa hubatee jira. Mootummaan Habashaa koloneeffatta saba keenyaa fi biyya keenyaa ta'uu isaa fi irreen malee waanjoo gabrummaa ofii irraa kaasuun akka hin jirree qajeellootti hubate. Hagamuu haa-cicciramuu malee, daangaan Oromiyaa hamma tokko sararamee beekkamee jira. Afaan Oromoo, afaan hojii, kan barmootaa fi kan daldalaa tahee ittiin hojjetamaa jira. Oromoonni bakka hundaatti, "qabeenyi Oromoo kan Oromoo ti" jechuun falmaa ammaan dura argamee hin beeknetti bobba'aa jiru. Ofirratti hirkannoo saba keenyaa mirkaneessuuf, biyya keessa fi alatti, tajaajila adda addaa kan akka tajaajila dinagdee, mana muuziqaa, mana nyaataa, mana amantii, sportii fi biyya alaatti waldaa hawaasaa fi kkf … kan mataa isaanii, kan Habashootaa irraa adda kan ta'e, horachaa fi jabeeffachaa jiru. Ijoolleen keenyaa hacuuccaa fi miidhaa meeqa keessa bahanii, baratanii, sadarkaa gurguddaa fi amansiisaa taheen as bahuu jalqabanii jiru. Keessattuu, ijoolleen keenya bara chaarteraa maammula turani fi reefuu dhalatan seenaa fi mirga saba keenyaa barachaa guddatanii, har'a, diina waliin kokkee wal-qabaa jiru. Daangaan Oromummaa fi Itoophiyummaa gidduu jiru saba keenya biratti xaliila ta'ee ifee jira.

Guddin fi injifannooleen kun hundi, kan qaama tokkoonillee saba keenyaaf kenname miti; kan sabin keenya dhiiga fi lafee ilmaan isaatiin galmeesse malee!

Qabsoon eessatti akka deemu kanneen qabeenya Oromoo xuuxaa jiranii akka Wayyaanee fi kanneen "dhalootaa-dhalootatti keenya tahuu qaba" jedhanii amanan, nafxanyoonni, tolchanii beeku.

“Wayyoominnii fi gudinni Oromoon guyyaarraa galmeessaa deemu kun badiinsa keenya” jedhanii ilaalu. Guddinni Oromoo garuu, Oromoo irra dabree ollaaf illee garrii taha malee badii inni qabu tasumaa hin jiru.

Hata’u malee, farreen QBO, injifannoolee hamma ammatti dhiiga fi lafee ijoollee keenyaan galmeeffaman haquuf, dabrees qabsicha dhabamsiisuuf, yeroo ammaatti toofttaalee armaan gadii baafatanii itti bobba’anii jiru.

Mootummaa faashitiin Wayyaanee roorroo inni saba Oromoo irraan ga’aa jiru daangaa kan hin qabne ta’uun isaa eenyuufuu ifaa dha. Har’a, impaayerattii keessatti, namni dhalootaan Oromoo ta’e fi kanneen mirga saba isaaniif falman, seera malee hidhamuun, mana hidhaatti dararamuu fi achi keessattillee ajjeeffamuun kan addunyaanillee quba qabu dha. Keessattu, baraattoota ilamaan Oromoo sadarkaa lammaffaa fi kolleeggii hidhuu, dararuu, mana barnootaatti ari’uu fi biyyaa akka isaan baqatan dirquun sabin Oromoo doofumaa barbaraa dhaalee akka waaru gochuuf akeekkatte irratti hojjechaa jirti.

Dhaabota Oromoo kan siyaasaa, kan hawaasumma, fi kkf sababa addaddaa itti barbaaduun chufsiisuu fi hooggantoota isaanii hidhuun waan Wayyaaneen guyyuu gochaa jirtu. Akka fakkeenyaatti kan ifa ta’ee mula’tu tarkaanffii Wayyaaneen Waldaa Macaa fi Tuulama (WMT) irratti fudhatee fi hogganootaa WMT seeradhabileen mana hidhaa keessaatti dararaa jiraachuu kan caalee hin jiru.

Mootummaan Wayyaanee kun, deggertoota horachuudhaaf jecha lafa Oromoo namootaaf hiruudhaan Oromoota dachii isaaniirraa dhiibuun itti fufee jira. Oromiyaa samanii, Tigray jaaruu; Oromoota beelessanii, dingdee fi albuudaa Oromoo irratti abbaa tahuun yoomiyyuu caalaa itti fufee jira.

Kana hubachuu isaa irraan kan ka’e, sabni keenya, Wayyaneen koloneeffattuu faashistii ta’uu ishee baree, deggeruu diduu qofaa osoo hin taane, mirgi hiree-murteeffannoo saba Oromoo akka hojiitti hiikkamu gaaffii itti kaasee, muddee qabee jira. Kittillayyoota Wayyaanee, dhalootan Oromoo tahanis, sabin keenya fudhachuu fi deggeruu didee jira. Hawaasin Oromoo biyya alaa jirus, akkuma saba keenya biyya keessaa, Wayyaanee tufu qofaa osoo hin taane, daba fi shira isheen saba keenya irratti hojjechaa jirtu bakka jiranitti mootummoota biyya alaatti iyyachaa jiru.

Haalli armaa olii kun, Wayyaanee fi kittillayoota ishee - ayyaan laallattoota dhalootaan Oromoo ta’an - hedduu rifaasisuu irraan kan ka’e, tooftaa lamaan – kan deggersa saba Oromoo ishee horuu fi QBO danquuf akeekkate - as bahanii jiru. Toofttaa lakkuun kun:

> Biyya keessa fi alatti, lafan isinii kennina jechuun saba keenya irraa deggersa horachuu fi gurmuu isaa cabsuuf Wayyaaneen yaalaa jirti. Haandhura lafa keenya kan nurraa sarbbaniin deebisanii nu sossobuu yaaluun isaanii tuffii isaan saba keenya irraa qaban agarsiisa.
>
> Biyya alaatti, yoo danda’ame Oromoota faayidaa xixxinnoo addadaan sossobuu, yoo

> dadhabame ammoo sossodaachisuuf jechaa sagantaa carraaqisaa fuula 52 qabu baaftee wajjiroota ishee biyya alaa jiraniif ergitee jirti. Akeekin tooftaa kana, akka sagantaa carraaqisa Wayyanee irraa hubatametti: (i) Biyya keessa lafa hiruufii, dhimma xixiqaa tokko-tokko shaffisaan xumuruufii, hawaasa amma isaan qaban irraa adda kan ta'e, kan Wayyaanee deggeru ijaaruufii, fi kkf … gochuun Oromoota adda diiguu fi deggersa iraa horachuu; (ii) kanneen sochii QBO keessatti qooda mul'ataa keennaa jirani fi kannee akka armaan olitti ibsametti hawwatamuu hin dandeenye, hawaasa isaanii keessatti maqaa xureessuu fudhatama dorkachiisuu fi shira addaddaa xaxuun mootummoota biyya isaan keessa jiraatanii irratti kaakaasuu dha.

Gara biraatiin ammoo, harcaatota mootummaa gabroomfattuu Amaaraa, kanneen aangoo ilmaan Tigrayiin irraa fudhatame caalaa mirgoota Oromoon qabsoo isaan gonfate isaan gubu, toofttaa baafatanii shira isaanii kana bakkaan gahuuf halkan fi guyyaa wixxifataa jiru. Dhaaboti nafxanyootaa, kanneen akka Qinijjit, "filmaata" Ebla 2005 impaayerattii keessatti tahe dura, waggoota dheeraadhaf qabsoon isaanii kan irratti qiyeefate mootummaa aangoorra jiru irratti osoo hin taane, mirgoota sabin keenya dhiiga fi lafee ilmaan isaan galmeesee, akka qubee afaan Oromoo, daangaa Oromiyaa fi qabsoo saba Oromoo akka shororkeesituutti adunyaatti dhiheessuun Oromoo hadheessuu ture. Isaan kun humnoota boodatti hafoo, ammllee Oromoo waanjoo gabrummaa jalatti deebisuuf, mirgoota ummanni Oromoo qabsoo isaan gonfate harkaa busuuf, dhaadannoolee " Itoophiyaa tokkitti, saba tokkicha, biyyaa tokkicha, alaabaa tokkicha, afaan tokkicha" jedhuun dirreetti dhaawwaaqaa jiru. Isaan kun impaayerattiin, kan isaan irratti mataa taat'an taatee akka turtu halkan fi guyyaa hojjetu.

Minilik yeroo biyya Oromoo cabsuun isa dadhabsiisaa dhuftu toftaa dha jedhee kan yeroo sanitti qiyaafate Oromoodhumaan biyya Oromoo cabsee qabachuu dha ture. Akkuma akeekatetti yeroo sanitti namoota akka Goobanaa Daaccee'n gargaaramuudhaan biyya Oromoo cabsee gabroomfachuu danda'ee jira. Har'a illee toftaan kun yeroo dhimma itti bahamu argina. Dhaabonni nafxanyootaa kan akka Qinijjit biyya Oromoo keessatti akka ammaan duraa akka fedhan tahuun kan hin jirre erga hubatanii bubbulanii jiru. Akkuma Minilik toftaan jiru Oromoon Oromoo cabsuu akka tahe hubatanii ayyaan laallattoota Oromoo argatan hawwataa jiraachuun ni mula'ta.

Wayyaneen dhaaba OPDO jedhamu jaarattee saba keenya fi biyya keenya keessa bobbaasaa jiraachuun ishee beekkamaa dha.

Kan nama raaju, ayyaan laallattotin adeemsa QBO irraa hifatan, bolola aangoof qabaniin ija gudunfatanii, qaxxaamuraan diina waliin aangoo qooddachuuf, warraa Oromoo waanjoo gabrummaa jala tursu fi irratti deebi'anii bulchuuf saganteeffatanii hojjetanitti aseennaa galuu isaanii ti. Murni kun, hammaa aangoo qooddachuun isa ga'etti, dantaa fi sagantaa eenyuullee qabatee bobbahuuf qophaawaa dha. Barrota dheeraaf, Wayyanee wajjin aangoo qooddachhuf kadhachaa ba'ee, ishee irraa fuula dhabinaan, "tooftaa dha" waan jedhuun humna nafxanyootatti galee tumsaa ijaarratee, maqaa Alliance for Freedom and Democracy (AFD) jedhuun sosso'aa jira. Murni kun, murna tarsimoo Oromoo gatee, tooftaa tarsomoo faalleessu qabatee, moora QBO lagatee, maqaa ABOn of waamaa, akka saree maraattee, diina jala kaatu, Murna Asmaraa jedhamuun kan beekkamu.

Murni kun, maqaa impaayerattii dimookraatessuun, humna nafxanyootaaf riqicha ta'ee, hawaasa Oromoo biyya alaa kan baroota dheeraaf "Oromummaan kufnee, Oromummaan kaana" jedhee dhaadachaa ture, "Oromummaan kufte, Itoophiyummaan kaata" akeeka jedhu jalatti hiriirsuuf saganteeffatee irratti bobbahaa jira. Akeeka kana fiixaan baasuuf, walgahii addaddaa, kan Oromummaa dhabamsiisee, Itoophiyummaan bakka buusu humna nafxan-yoota waliin saganteeffatee hawaasa keenya itti afeeraa jira. Biyya keessattis, karaa raadiyoo addaddaa tumsaa Itoophiyummaaf dhaabbate kana deggeraa jechuun saba keenya afanfaajjes-suu yaalaa jiru.

Yaa saba Oromoo,

1. Biyyaa fi alatti gurmuu kee jabeeffadhuu injifannoolee qabsoon gonfattee dammaqinsaa eeggachaa biyya kee waanjoo gabrummaa jalaa baasuuf gamtaan sosso'i;
2. Diinota QBO kan alaa fi kan keessaa dammaqinsaan of irraa eegi;
3. Ayyaan laallattoota QBO hifatanii, qaxxamuraan aangoo qooddachuuf, dinnaa kee waliin sirratti bobbahan dammaqinsaan of irraa eegi;
4. Bilisummaan qabsoon malee kadhaan akka hi argamne beekamaa waan ta'eef hanga Oromiyaan bilisomtutti gara-kutannoon akka qabsooftu irradeebii waamicha siif goona.

Qabsoon itti fufa!
Injifannoon ni dhufa!

Oromiyaan ni bilisomti!

Adda Bilisummaa Oromoo